# 40. AKKA YESONI DUISA KEESA KAE

**Matayo 28:1-15, Mariko 16:1-8, Luka 24:1-12, Yohana 20:1-18**

Yeso guyya Gumaata galgala awaalani, duuba Pilatoni askarti afuri ta Rumi akka isiin awaala eedu tolche. Guyyaani Sabato dabarraani, jari uwwa waan urgooftu bitani, aka d'aqani nafa Yeso dibani. Duuba ganama guyya qara ka torbaani suni, eegi aduuni baate, fulla awaala d'aqani. Waan woliini jed'ani, "Eentu d'akha afaani awaalati nuu gangalcha?" Jennaani maro tokotu lafti chochote, malaikaani Aabbo toko gubba gadi buute, d'akha gangalchite gubba teete. Fuuli isii aka angaasu ifse, woyaani isii aka ch'aama adaatte. Askartiini Rumii aka taka inargiini sodaatte, aka waan doote taate.

Malaikaani waan nad'eeni taaniini jette, "Insodaatiina; anini imbeekha, isani Yeso maskaliti fannisani barbaaddani. Inni arma injiru, yayu kaasani, akuma inni jed'e. Koota, fulla isa ch'iifsisani ilaala. Hurrisa, deema jara isaati hima: Yayu duisa keesaa kaasani, amma ya Galilayati isani dura dabre; achiti isa argitani jed'a. D'aamsa kiyya kana inded'ina." Jennaani hurrisani kaani, awaala kaani biraa yaani, guddo sodaatani, ammo gammada qabani, utaalani jara Yesoti himani.

Nad'eeni iti d'aabannaani, askartiini hagi gari ta awaala eeddu dira d'at'e, waan ch'ufa qaalole gugurdoti himte. Qaalole gugurdofi jaaroleeni woliwoldeete mariatte, hori gudda askartiti kennite waan jetteeni, "Jara isati halkani, ato nu rafu jirru, d'ufe reefa isa hate jed'a." Yo hayyuuni waan kana d'agaye, nuti iti hima, woma tokole insodaatiina jed'ani. Askartiini taani hori fud'atte, waan tolcha jed'aniini tolchite.

Worri dubbi isaa qaabate, awaala biraa yae, waan kana ch'ufu jara kud'ani tokotiifi jara d'ibileti hime. Ammo jechi kunini odu d'araa worraati fakaate d'ugefachu didani. Taatule Petrofi Yohanaani gara awaala utaalani, Yohanaani durat achiin bahe gajed'e awaala keesa millate, ammo Petrooni irba isa irra dhufe awaala keesa seene. Inni boofta taani ta koba jirtu arge, kae gale, waan tahe kana maadefate. Yohanalleni olseene. Worri lachu awaala duwwa arginaani, dhugeefate!

Worri deebie akka Yeso argani gulyaatota Yesoti himani, ammo Tomasoni gaafa Yesoni d'ufe, worra woliini injiru. Duuba jari kaani waan jed'eeni, Nu la Aabbo argine. Ammo inni waan worraani jed'e, "Yo anini harka isaa keesa gadaanisa musumaraa arge, quba kiyya fulla musumaraani woraane ke kaye, harka kiyyale t'iit'a isaa keesa kaye male, diqo haganale ind'ugefad'u" jed'e.

Eege, ka jari isaa ammalle mana keesa jiru, Tomasoleeni achi jira. Balbalti ch'ufaansa qabdi, ammo Yesoni d'ufe, jiddu worraa keesa eje waan jed'eeni, "Nageenni isanii haatau." Jennaani inni waan Tomasoni jed'e, "Quba kanke achi asi gaqabad'u, harka kiyya ilaali; ammalle harka kanke asi gadi d'eerefad'u, t'iit'a tiyya keesa kayi. Ind'areefatiini, ammo d'ugefad'u!" Tomasoni, "Aabbo kiyyafi Waaqa kiyya!" jed'eeni. Yesoni waan jed'eeni, "Atini na arginaani d'ugefatte? Ayyaana worra ka ato inargiini d'ugefatu" jed'e.

**QAJEELUMSA BARNOOTA**

**HIMAANSA JALQABA: Gaafi ato oduu hinoodeesinu nam gaafatani tana gumii gaafadhu yokhaani akka namu lam lamaani irra wolgaafatu tolchi.**

- Dua kaiisi Yeso irjirti tami qaba?

**ODUU : Oduu tana irdedeebii himi akka akka gumii waliiin baratan.**

**HAASA EEGI ODUU HIMANI: Gaafi tanaati haasa suni qajeelcha :-**

**Oduu tan keesati waan Waaqa maan baranna? Kara kamiini akka Yeson Waaqa argina?**

- **Oduun tunini kara kamiini jabeenna Waaqa garsiifti?**
  - Inni Yeso duisa keesa kaase!
  - Inni uumama irraati jabeenna qaba. Akka lafti chochootefi akka namichi askartii gagabeellee isaati tolche.
  - Inni maleekota irralleeti angoo qaba. Maleekoti d'akhaa gargalchite ammalle jara uwwaatini haasofte.

- **Oduun tunini kara kamiini akka Waaqi waan ch'ufa beekhu garsiifti?**
  - Yeson akka eegi due guyya sadeessoo kau inhime. Duuba akkasuma taate!
  - Maleekaani fula jari Yesoo isaan wolargu imbeekhe.
  - Waaqi waan duisa dabsate d'ugeefacha jara Yesoti kennu imbeekhe.
  - Yeson onne jara isa beekhe ammalle waan worra gara jabeesulle imbeekhe.

- **Oduun tunini kara kamiini tola-eebba Waaqa himti?**
  - Worra Yesoti d'ugeefatu ch'ufa Waaqi dabsachaa duisa irraati kenneefi. Yeso duisa keessa kaase, akanaani akka hujjii fannoo marro baafamaa ch'ubbaleyiitifi qit'ee garsiise.
  - Waaqi naasu guddoo, askarti Rumiitiiifi durdeemtota amantaa garsiise. Ato worri isatti ch'ubbamellee, inni akka worrii durumaati deeme jiraate ammalle araara galu, qoommi kenneefi.
  - Waaqi kara malekaatini jara uwwaatin dubbate.
  - Yesoni akka marro ch'ubbaleeyitifi, harka ch'ubaalleyiiti dabarfame kennamu eeyyaama kenne.
  - Inni waan Tomasoon hind'ugeefatiniifi nahefi ammalle obseefi.

- **Oduun tunini kara kamiini amanammumma Waaqa nu garsiifti?**
  - Yeson irdedeebie akka duisa keessa kau hime- akkasuma tolche!
  - Waaqi Oobru Edenii keesati akka guyya tokko Baasa ergu kakhuu gale, akka Sanyiin uwwitii, Sheet'ana dabsate duuba duisa ch'ubbuun nama lafaati fidde

dabsatu. Inni layyu tolche!!! Duuba kara Kristo duisa keessa kaasuniini, Waaqi akka baafami d'ugumaan qit'ooman tahe lallabe!

- o Faaruni, Baasa duisa keesa kaasan jetti, Duuba Kristo duisa keessa kaase, duuba akkasuma taate!

**Waan NAMA irra maan baranna?**

- o Waaqi guddo namaa jaalate, Ilma isa duisa keessa kaase akka nami isa beekhu!
- o Nami d'ugeefacha d'abiisan gaargala- Akkuma jari Yeso tahe.
- o Nami akka d'uga d'ossuufi waan d'ara dubbata, akkuma qaaloleen askartoota beese keeniteefi waan d'ara odeesa jetteen.

**Akka nami Waaqan wold'aqu irra maan baranna?**

- o Waaqi marro baafama namaatifi kara bane. Isa ch'allaati Yeso duisa keesa kaase.
- o Jari uwwa waan maleekan jed'een d'ugeefatani. Nami yo Baasati d'ugeefate ch'alla baafama argata.
- o Baasa duisa keessa kae ch'allaati dandae ch'ubbuu keessa nu baasa! Nami due hafe, ato janna marro teenafi due taatellee, dandae wolaala nurra hinfuud'u!

<u>**Gaafi Ballinaani Huji irra Oolchuu Malani**</u>:

- Waaqi waan kan ch'ufa sii tolche! Yeson worra ch'ubaaleyiiti ufkenne akka fannifamu, akka ch'ubbuun tante baatu. Waaqi duisa keessa kaase, akka akka inni duisa dabsate garsiisu. **Isaniin ch'ufti kara kamiin dandeetani oduu dansa jaalala Isa anaati owwaatan?**
- Yo Waaqi jabeenna Yeso duisa keesa kaasun qabaate, Inni jabeenna rakko teenna keesati nu qarqaarun inqaba. Haali d'ugeefatooti arra kees jirtu, kara kamiini akka nu jabeenna Waaqa qaabannu nu qarqaara?

<u>**Gaafi huji irra oolchuu malan (akka nam tokooti yokhaan akka gurmuutti):**</u>
(Gaafi tokko yokhaan lama filadhu akka dansa adda iti dhaabadhu.)

- Dua Kaiisi Kristoo, dua kaiisa kenna kha guyya muummee kha nu haga jiru jireeenna jiraannu, mirkaneessa. Kristiyaan, kara kamiini dua kaiisi kanke kha egeri jireenna atin arra jiraatu jijiira? **Jireenna kanke keesati, fulaan shakkiin jireenna kanke seente eessa? Gaargala arra harka si qabu irraati, waan kan beekhu irraati, Waaqati d'ugeefachuun kanke maan siti fakkaati? Kara kamiini ilaalchi kanke jijiirama?**